Waa’ee Talaallii COVID-19 Gaaffilee Yeroo Heddu Gaafataman

Yeroo ammaa kana tarii waa’ee talaallii COVID-19 baayyee dhagahaa jirta ta’a. Akkaataa talaalliiwwan COVID-19 itti hojjatamaa jiran irratti gaaffiiwwan baratamoof deebii kennuu barbaanna.

Talaalliin COVID-19 haala kamiin saffisaan hojjatamuu danda’e?

Akka beekamutti, talaalliin sirrii fii kan hojjatu ta’uu isaa qorachuun mirkaneeffachuun utuu talaalliin hedduun hin hojjatamin dura taasifama. Sababa weeraraati fii mallaqa mootummaa fedaraalaatin, qorattootni lamaanuu bakka takkatti hojjachaa jiru. Talaalliiwwan qoratamanii fii nageenyummaan isaanii barame qofatu fayyadamama.

Talaalliin akkamitti qoratamaa jira?

Talaalliiwwan COVID-19 heddutu qorannoo keessa jira. Qorannoowwan kunniin yaalii kilinikaalawaa jedhamu. Tokkoon tokkoo talaallii qorannoo tokkoo ol keessa darba. Jalqaba, talaalliin namoota hayyamamoo ta’an muraasa irratti ilaalame, achiimmoo dhibboota muraasa, achiimmoo namoota kumaatamoota kudhanii irratti taasifame. Hayyamamtootni yaalii talaallii COVID-19 namoota hawaasa makaa garagaraa irraa dhufanii dha. Kuni adeemsa wal fakkaataa talaalliin biraa ittiin qoratamuudha.

Talaalliin akkamiin hayyama argata?

Talaalliiwwan qorannoo hunda darbaniif, gareen ogeeyyii fayyaa bu’aa qorannoo isaanii akkasumas, miira namootaa erga talaallicha fudhatanii boodaa ilaalu. Talaallichi kan hojjatu fii sirrii yoo ta’e, hayyama argata. Gareewwan saayintistootaa fii ogeeyyotaa hedduu kan ragaalee talaallii COVID-19 ilaalanii fii eeruu kennan hedduutu jiru. Talaalliiwwan hayyama argatan qofatu namaaf kennama.

Eenyutu talaallii jalqaba fudhata?

Gareen gorsitoota biyyaalessaa kan CDC ragaalee ilaaludhaan eenyu jalqaba talaallicha fudhachuu akka qabu eeruu kenna. Gareen muraasni kan COVID-19 dhaaf caalmaatti saaxil bahoo ta’an yookan COVID-19 dhaan baayyee dhukkubsachuu danda’an dursa talaallicha fudhatu. Mineesotaan tuuta ogeeyyotaa kan talaallichi akka namoota hundaaf qixa dhiyaatu, qulqullina fayyaa irratti hundaa’an qabdi.

Talaalliin hedduun yoo argame, namootni hedduun ni talaallamu, garuu namoota hundaaf talaalliin dhiyaachuu dura ji’oota muraasa ni fudhata.

Odeeffannoo dabalataa waa’ee talaallii COVID-19 tiif marsariitii muummee fayyaa daawwadhu.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

11/09/20 (Oromo)

Odeeffannoo kana roga biraatin argachuuf: 651-201-4989 irratti bilbili.